Dambii Lak. 188/2008

**Dambii Kaffaltii Tajaajilaa Kenniinsa Waraqaa Ragaa Ragaalee Bu'uuraa Hawaasummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe**

Kaffaltii tajaajila kenniinsa waraqaa ragaa ragaalee bu'uuraa hawaasummaa naannichaa dandeettii kaffaluu hawaasaa jiddugaleessa godhatee fi seera qabeessa ta'e akka jiraatu taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Kaffaltii tajaajilaa kanas bifa walfakkaataa ta'ee fi iftoomina qabuun seeraan murteessudhaan qaamotni waraqaa ragaa ragaalee bu'uuraa hawaasummaa kennan dhimmicha sirriitti hubatanii tajaajila si'oomina qabu akka kennan taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Lak.199/2008 keewwata 74 (2) tiin Dambiin kanatti aanu bahee jira.

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Dambiin kun **"Dambii Kaffaltii Tajaajilaa Kenniinsa Waraqaa Ragaa Ragaalee Bu'uuraa Hawaasummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 188/2008"** jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Hiika**

   Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuf yoo ta'e malee, Dambii kana keessatti:

   1) **"Labsii"** jechuun Labsii Galmeessaa Ragaalee Bu'uuraa Hawaasummaa fi Waraqaa Eenyummeessa Biyyoolessaa Lakk. 760/2004 jechuudha.
   2) **"Dambii"** jechuun Dambii Ejensii Galmeessa Ragaalee Bu'uuraa Hawaasummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lakk.169/2006 jechuudha.
   3) **"Ejensii"** jechuun Ejensii Galmeessa Ragaalee Bu'uuraa Hawaasummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.
   4) **"Naannoo"** jechuun Naannoo Oromiyaa jechuudha.
   5) **"Ragaalee Bu'uuraa Hawaasummaa"** jechuun taateewwan kan akka dhalootaa, fuudhaa-heerumaa, hiikkaa fuudhaa-heerumaa, du'a, guddifachaa, akkasumas abbummaa beekuu yookiin murtii Mana Murtiitiin abbummaa beekuu kan dabalatuudha.
   6) **"Nama"** jechuun nama uumamaa yookiin qaama mirgi namummaa seeraan kennameef jechuudha.

3. **Ibsa Koornayaa**

   Dambii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

4. **Daangaa Raawwatiinsaa**

   Dambiin kun naannicha keessatti namoota akkaataa Labsii fi Dambiitiin waraqaa ragaa ragaalee bu'uuraa hawaasummaa argachuuf mirga qabanii fi qaamolee ragaalee bu'uuraa hawaasummaa galmeessan hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

5. **Kaffaltii Tajaajilaa**

   Waraqaa ragaa ragaalee bu'uuraa hawaasummaa kennuuf kaffaltiin tajaajilaa kan kaffalamu ta'ee, tarreeffamni isaa akkaataa gabatee armaan gadiitiin ibsameera.

| T.L | Gosoota Tajaajilaa | Kaffaltii Tajaajilaaf kaffalamu | |
|---|---|---|---|
| | | Lammii Itoophiyaatiif (Qarshiidhaan) | Lammii biyya alaatiif (Qarshiidhaan) |
| **1** | **Dhaloota** | | |
| 1.1 | Waraqaa ragaa jalqaba fudhachuuf | 10.00 | 60.00 |
| 1.2 | Lammiiwwan Labsiin bahuun dura waraqaa ragaa hin fudhatin kaffaltii kaffalamu | 50.00 | 150.00 |
| 1.3 | Sirreeffama, bakka buusuu ykn garagalcha | 100.00 | 200.00 |
| **2** | **Guddifachaa** | | |
| 2.1 | Waraqaa ragaa jalqabaa fudhachuuf | 10.00 | 600.00 |
| 2.2 | Sirreeffama, bakka buusuu ykn garagalcha | 100.00 | 200.00 |
| **3** | **Gaa'ela Raawwachuu** | | |
| 3.1 | Waraqaa ragaa jalqabaa fudhachuu | 30.00 | 150.00 |
| 3.2 | Sirreeffama, bakka buusuu ykn garagalcha | 100.00 | 200.00 |
| **4** | **Hiikkaa Gaa'elaa** | | |
| 4.1 | Waraqaa jalqabaa fudhachuuf | 30.00 | 150.00 |
| 4.2 | Sirreeffama, bakka buusuu ykn garagalcha | 100.00 | 200.00 |
| **5** | **Du'a** | | |
| 5.1 | Waraqaa ragaa jalqabaa kennuu | 10.00 | 60.00 |
| 5.2 | Sirreeffama, bakka buusuu ykn garagalcha ragaa | 100.00 | 150.00 |
| 6 | Tajaajila suuraa yeroo gaa'elli raawwatamu | 150.00 | 300.00 |
| 7 | Tajaajila viidiyoo yeroo gaa'elli raawwatamu | 300.00 | 600.00 |
| 8 | Ragaa mirkaneessuu taatewwan akka dhalootaa, gaa'elaa, hiikkaa, du'aa ykn guddifachaa | 200.00 | 400.00 |

6. **Haala Kaffaltiin Itti Sassaabamu**

   1) Kaffaltiin tajaajila kenniinsa waraqaa ragaa galmeessa ragaalee bu'uuraa hawaasummaa:

      a) Gandoota baadiyyaa keessatti Qondaala Galmeessa Ragaalee Bu'uuraa Hawaasummaatiin kan sassaabamu ta'a.

b) Magaalota keessatti Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaalichaatiin kan sassaabamu ta'a.

2) Qondaalli galmeessaa ragaalee bu'uuraa kaffaltii tajaajilaa nagahee Biiroon Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee Oromiyaa maxxansiisu fayyadamuun sassaabee ji'a ji'aan Waajjira Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee Aanaatti galii taasisuu qaba.

**7. Kaffaltii Tajaajila Irraa Bilisa Taasisuu**

1) Tajaajilli kenniinsa waraqaa ragaa namoota armaan gadiitiif bilisaan kan kennamu ta'a:
   a) Namoota kaffaltii tajaajilaa Dambii kanaan taa'e kaffaluu akka hin dandeenye ragaa dhiyeeffachuu danda'aniif;
   b) Daa'imman gatamanii argamanii fi maatiin isaanii hin beekkamneef;
   c) Nama du'ee argamee Poolisiin galmeessisuuf.
2) Ragaan keewwata kana keewwata xiqqaa 1(a) jalatti ibsame ragaa Mana Murtii Hawaasummaa Gandaa irraa kan dhiyaatu ta'uu qaba.

**8. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

Dambiin, qajeelfamnii fi barmaatileen hojii Dambii kanaan walfaalleessan kamiiyyuu dhimmoota Dambii kanaan hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**9. Dirqama Deeggarsa Kennuu**

Namni kamiyyuu hojiirra oolmaa Dambii kanaatiif deeggarsa irraa barbaadamu kennuuf dirqama qaba.

**10. Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu**

Dambiin kuni **Hagayya 22,** bara 2008 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

**Muktaar Kadiir**

**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

**Finfinnee**

**Hagayya 22, bara 2008**